




WAYITA BU'AA QORANNOO EEGGATTAN WANTA GOCHUU QABDAN

Bu'aa qorannoo keessanii karaa iimeelii, barruu gabaabaa ykn bilbilaa argachuuf yeroo dheeraa isinitti fudhachuu mala.



- Mana turaatii warra kaan irraa fagaadhaa yoo:
 - Guutummaatti kan hin talaalamne ta'e
 - Mallattoolee dhukkubaa qabaattan
 - Isin dhukkubuu jalqabe
 - Nama COVID-19 qabutti baay'ee dhiyaatanii jirtu yoo tale
- Mallattooleen dhukkubaa keessan yoo badduu ba'an, dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanii quunnamaa.

TOORA BILBILA KALLATTII COVID-19: 1-833-431-2053

OFII KEESSANII FI NAMOOTTA BIROO IRRAA ITTISAA.

- Yoo poozetiivii taatan, yooma isin dhukkubuu baate illee yoo xiqqaate guyyaa 10f mana turaa.
- Yoo nama COVID-n qabame waliin tuttuqqii dhiyoo kan qabdu taatan, filannoon inni miidhaa hinqabne guyyoota 14f namoota biroo irraa fagaatanii mana turuudha.
- Haalota tokko tokko keessatti, guyyoota 10 booda ykn yoo bu'aan qorannoo keessanii negetiivii ta'e ammoo guyyoota 7 booda namoota biroo bira dhaquu maltu. Adda of baasuu keessan yoom akka xumurtan ilaalchisee odeeffannoo argachuuf health.mn.gov daawadhaa.

mn MINNESOTA

STAY SAFE MN